Wantoota fudhataman qaban:

- Bunaa daakamee, kan qulqulleesu/kan adda baasu fi baala shaayii
- Oomishaalee aannani
- Hanqaaquu fi qola hanqaaquu
- Fuduraalee fi muduraalee
- Foon, nyaata galaanaa & lafeewwan
- Nyaata foolii qabu yookaan kan alaa'e
- Loozii fi qola
- Ruuzii, daabboo, paastaa fi baaqelaa

Wantoota fudhatama hin qabne:

- Uffata/fabrikii (jirbii 100% dabalatee).
- Daayiipparii fi meeshaalee qulqullina dhuunfaa
- Balfa saree, adurree fi bineensota biroo kamiyyuu
- Marga, baala, muka ykn balfa mooraa gosa kamiyyuu
- Fuullee, sibiilaa, pilaastikii hunda fi meeshaalee kompostii hin taane
- Waraqaafi omishaalee ciccitoo ta'an (kanneen akka kubbaayyaa, sahaanii, meeshaalee mana keessaa, korojoowwan, waraqaa gogaa irraa qophaa'u, waraqaa waaksii qabu, kubbyyaa bunaa, fi kkf) kan loogoo BPI kompoostii ta'uu hin agarsiisne qaban



Gaaffiilee?

FoodScrapsPickup.com ilaalaa ykn **651-661-9393** tti bilbilaa.

Odeeffannoon sagantaa afaan Ingiliffaa, Ispaanyool, Hmoob, Somaaliffaa, Oromoo fi ကညီ ttin jira.

1026

Food Scraps PICKUP Program®

Jalqabuu



RAMSEY COUNTY | Washington County | RAMSEY/WASHINGTON RECYCLING & ENERGY

Sagantaan Haftee Nyaataa Sassaabuu jiraattotaaf mala haaraa nyaata mana keessaa irraa hafe ittiin deebisanii risaayikil godhaniidha!

Kosii mana keessaa dhibbeentan 28 nyaata hafaa, kan akka qoloota fuduraa, qola hanqaaquu, haftee bunaa fi kkf dha. Haftee nyaataa keessan addaan baasuun, kosii ta'uu mannaa gara biyyeetti akka jijjiiramu gargaaruu dandeessu.

Akkamitti akka hojjetu kunooti:

Dhiyeessii korojoowwan haftee nyaataa waggaatti bilisaan ajajaa.

Haftee nyaataa keessan Korojoo haftee nyaataa keessatti walitti qabaa. Korojoo sana cufuuf yoo xiqqaate torbanitti al tokko gubbaa isaa irratti guduunfaa

Hurraa nyaataa keessan akka sassaabamuuf sanduuqa hafteen nyaataa keessan keessa ykn kuusaa kosii keessa kaa'aa.

Raawwatameera! Kosiin keessan akkuma barametti sassaabameera, korojoowwan haftee nyaataa qaban kosii keessaa adda baafamuun komppostii ta'aniiru.



Galmaa'aa



Har'a jalqabuuf tarkaanfiiwwan armaan gadii hordofaa ykn **651-661-9393** bilbilaa!

Tarkaanfii 1 **FoodScrapsPickup.com** ilaalaa akkasumas "Galmaa'i" kan jedhu cuqaasaa.

Tarkaanfii 2 Teessoo mana keessanii galchaa.

Tarkaanfii 3 Akkaawuntii keessan uuma.

Tarkaanfii 4 Safara boorsaa nyaataa haftee filadhaatii ajaja keessan galchaa.

Tarkaanfii 5 Raawwatameera! Korojoon haftee nyaataa keessa gootan manatti isinii dhufa.

**Hirmaattonni waggaa tokkotti korojoo haftee nyaataa itti kuusan 60 si'a lama bilisaan ajajuu danda'u. Korojoon dabalataa bittaadhaan ni argama.*



Qabeenyawwan

Risoorsiwwan biroo **FoodScrapsPickup.com** irraa

- Viidiyoowwan barsiisaa.
- Gaaffiiwwan yeroo baay'ee gaafataman
- Meeshaalee fudhatama qabanii fi hin fudhatamne
- Sassaabuufi kuusuu ilaalchisee odeeffannoo
- Odeeffannoo fi maateeriyaaliwwan afaan Ingiliffaa, Ispaanyool, Hmoob, Somaaliffa, Oromoo fi ကညီ tiin

Gorsa walitti qabuu!

Nyaata hafe walitti qabuuf karaaleen sirrii ta'an hedduutu jiru! Tooftaa walitti qabuu kamtu akka siif ta'u murteessii.

Meeshaalee walitti qabuu.

- Meeshaa golgaa qabu fayyadami.
- Fakkeenyaaf: kaadiin kompostii, baaldi ayiskiriimii, tuubii pilaastikii ykn qaruuraa kosii xiqqaa.

Haftee nyaataa keessan kuusuu.

- Bakka mijataa ta'e barbaadi.
- Fakkeenyaaf: kaawuntarii keessan irratti, sinqii keessan jala, firijii ykn qabbaneessota keessan ykn garaajii keessan keessatti.
- Dhangala'oo dabalataa kamiyyuu haftee nyaataa keessan irraa osoo deebi'anii hin fayyadamin dura dhangalaasi, akka boorsaan hin dhangalaaneef.

Borsaa haftee nyaataa keessan keessaa baasaa.

- Korojoo haftee nyaataa itti kuuftan bakka xiqqoo hambisaa, sababni isaa korojicha cufuuf hidhuudhaaf akka mijatattutti jechuudha.
- Korojoowwan haftee nyaata keessan kallattiidhumaan gaarii balfaa yookin kuusaa balfaa keessa kaa'aa.

Korojoo haftee nyaataa itti kuusan bakka armaan gadii HIN kaa'inaa:

- Gaarii risaayikilii keessan keessa.
- Gaarii kosii ykn bakka balfa itti gatan gubbaa ykn cinaa.
- Korojooo yeroo hunda kosii itti gatan keessa.